Maatii Sanada Ijoo Dubbii

# Bu'aa Qorannoo Poosatiivii:

## Beeksisa Bu'aa Iskiriinii Saamuda Dhiigaa

Sagantaa Qorannaa Daa'imman Reefuu Dhalatanii Minnesota

**Elevated TSH, Family Fact Sheet—Oromo**

## Hormoonii Taayirooyidii Kakaasu/Mirqaansu Olka'aa (TSH)

### Qorannoo wal'aansaa daa'imman reefuu dhalatanii irratti maaltu argame?

Qorannoon wal'aansaa daa'imman reefuu dhalatanii yeroo dhalatan walitti qabameen mucaan keessan hormoonii taayirooyidii kakaasu (TSH) jedhamu hormonii hammi isaa baay'ee akka qabu mirkanaa'eera.

### Kana jechuun maal jechuudha?

Sadarkaan TSH olka'aan daa'imni keessan hormonii taayirooyidii gadi bu'aa dhalootaan dhufu (CH) qabaachuu akka danda'u agarsiisuu danda'a. CH'n gosa dhukkuba taayirooyidii ti. Jechi 'Congenital' jedhu kun dhibeen kun kan jalqabu dhalachuu irraa kaaaseen yommuu ta'u, dhibee taayirooyidii ga'eessota irratti mul'atu irraa addadha. Bu'aan qorannoo poosativii ta'uun daa'imni keessan dhukkuba taayirooyidii qaba jechuu miti, garuu mirkaneeffachuuf qorannoo dabalataa barbaachisa.

### Itti aansuun maaltu ta'a?

Doktariin mucaa keessanii qorannoo dabalataa ni ajaja. Yeroo daawwannaa kilinikaa daa'ima keessan irraa saamuda dhiigaa/ laaboraatooriin lama fudhatamuun hin oolu. Laaboraatooriin lamaan kun TSH fi bilisa T4 (taayirooksiinii) jedhamu.

Bu'aan qorannoo dabalataa kana irraa argamu fayyaa/sirrii yoo ta'e, qorannoon ykn yaaliin dabalataa hin barbaachisu.

Bu'aan qorannoo dabalataa kana irraa argamu olka'aa ta'ee yoo argame, doktariin mucaa keessanii qorannoo dabalataa ykn wal'aansi yaalaa barbaachisu maal akka ta'e isin beeksisu. Daa'imman dhukkuba taayirooyidii qaban kan yaalan ispeeshaalistii hormonii daa'immanii ykn pediyaatrik indookrinoologistiitti dabarfamuu/rifeerii ta'uu qabdu.

### Dhibeen taayirooyidii dhalootaan dhufu (CH) maali?

CH'n dhibee mucaan yeroo dhalatu keessatti argamu kan xannacha taayirooyidii qaamaa miidhu, dhiita xiqqaa morma gara gadii keessa jiru dha. Xannachi taayirooyidii hormoonii taayirooyidii qopheessa. Namoonni CH qaban hormoonii taayirooyidii gahaa qopheessuu hin danda'an. Hormooniin taayirooyidii guddinaa fi dagaagina qaamaa fayya qabeessa ta'eef barbaachisaadha.

### Rakkoo fayyaa akkamii fiduu danda'a?

CH dhibee umurii guutuu ta'eedha. Yoo hin yaalamne, dhibee armaan gadii fiduu danda'a:

- Jaawundaayisii (gogaan keelloo ta'uu ykn iji addaachuu)
- Maashaaleen lallaafoo/shushunturoo ta'uu
- Dandeettii waa barachuun hir'uu ta'uu
- Guddina harkifataa fi ulfaatinni qaamaa dabaluu

Daa'imman CH qaban wal'aansa ariifataa fi of eeggannoo qabu irraa fayyadamoo ta'uu danda'u.

### Filannoowwan wal'aansaa akkamiitu jiraa?

CH irraa fayyuun kan hin danda'amne ta'us, yaalamuu immoo ni danda'a. Wal'aansi CH baay'inaan baratamaa ta'e qoricha hormoonii taayirooyidii sirritti hin qophoofne/hojjetamne bakka bu'udha. Mallattoon dhibee kanaa osoo hin mul'atin yoo yaalaman, daa'imman guddinaa fi dagaagina qaamaa fayya qabeessa ta'e qabaachuu danda'u.

Daa'imman CH qaban doktarii isaanii kan idilee fi doktara ispheeshaalistii dhukkuba taayirooyidii ta'e (indookrinoologistii) bira deemanii ilaalamuu qabu.

### Maddeen Odeeffannoo

**Sagantaa Qorannaa Daa'imman Reefuu Dhalatanii Minnesota:**
http://ghr.nlm.nih.gov

**Mucoolii Karaa Qorannoo Faawundeeshinii Baraaruu:**
www.savebabies.org

**Qorannaa Jalqabaa Mucaa:**
www.babysfirsttest.org

DEPARTMENT OF HEALTH
Sagantaa Qorannaa Daa'imman Reefuu Dhalatanii, 601 Robert St. N., St. Paul, MN 55155
Bilbila (800) 664-7772, Faaksii (651) 215-6285 ***turjumaanni ni argama**
REV 07/2018